Akka itti Apostille Argachuun Danda’amu

Sanadoota Dhiyaachuu qaban:
Isteet Sekreetarii Minnesotaa sanada orijinaala nootarii ta’ee fi sirnaan nootarii ta’e kan Nootariin Mootummaa Minnesotaa irraa mirkanaa’e ykn garagalcha jalqabaa mirkanaa’e kan Kaawuntii Minnesotaa ykn Ejensii Kutaa Minnesotaa irraa argame mirkaneessuu ni danda’a.

Kaffaltii
Kaffaltiin barbaachisu tokkoon tokkoon ragaa mirkaneessuuf $5.00 dha.
Cheekiin ykn maallaqni akka kaffalamu taasisuu: Isteet Sekreetarii Minnesota

Qajeelfama Poostaa
Gaaffii kan mirkaneessaa poostaadhaan yeroo galchitan, maaloo xalayaa kennaa ykn Unka Gaaffii Mirkaneessaa fayyadamaa. Unka Gaaffii Mirkaneessaa marsariitii: https://www.sos.state.mn.us/media/4253/authentication-mail-form.pdf irraa buufachuun ni danda’ama

Sanadi (wwan) oriijinaalaa kan nootarii fi/ykn mirkanaa’an kaffaltii barbaachisaa ta’e waliin ta’uu qabu. Sanadoonni gara teessoo cheekicha irratti tarreeffameetti deebi'u, yoo qajeelfama addaa gara teessoo adda ta'etti ergamuuf kennitan malee ykn envelopii deebi'uu yoo kennitan malee. Tajaajila hordoffii poostaa fayyadamuu yoo barbaaddan asxaa FedEx, ‘USPS Priority Mail’ ykn UPS dursitanii kaffalame qabachuu dandeessu, maaloo kaffaltii qilleensaa dursee kaffalame kennaa. Yoo tajaajila kan dursee kaffalamu hin fayyadamne, waajjirri keenya sanada(wwan) keessan karaa ‘USPS First-Class Mail’ kaffaltii tokko malee poostaadhaan kan ergu ta’a.

Adeemsi kan Mirkaneessuu Beellamaan Qaamaan argamuudhaan xumuruutu danda'ama ykn Poostaadhaan gara kanatti erguu:

Minnesota Secretary of State
First National Bank Building
332 Minnesota Street, Suite N201
Saint Paul, MN 55101

(Beellamaan BANAA ta'a - Jimaata, 8 a.m. - 4 p.m., guyyoota ayyaanaa osoo hin dabalatin)

Rakkoolee Waliigalaa Mirkaneessuu irratti Mul’atan

Sababoonni beekamoo ta’an muraasni sanadi tokko akka hin mirkanoofne taasisan ni jiru:

Yoo sanadi isin mirkaneessaa jirtan nootariidhaan seera qabeessa ta'e:

- **Waraqaa Ragaa kan Hin Qabne ta’uu -** Akkaataa Seera Minnesota 358.65 https://www.revisor.mn.gov/statutes/cite/358.65 tiin, gochi kan notarii ragaadhaan mirkanaawuu qaba. Fakkeenyonni ragaalee unka gabaabaa Seera Minnesota 358.66 https://www.revisor.mn.gov/statutes/cite/358.66 keessatti kennamanii jiru.

- **Komishiniin Nootarii Minnesota seera qabeessa ta’uu -** Komishinichi seera qabeessaa fi yeroo isaa eeggate ta’uu qaba akkasumas guyyaan xumura chaappaa nootarii irratti barreeffame sirrii ta’uu qaba.

Maqaan chaappaa Nootarii irratti daataa beezii Nootariin walsimuu qaba. Nootariin hojjechaa jiraachuu isaa fi akkaataa maqaan isaanii itti galmaa'e murteessuuf daataabeezii nootarii barbaadaa. https://notary.sos.state .mn.us/S earch/SearchForNotary

- **Sanadoota Mana Barumsaa Nootarii Hin Taasifamne** - Sanadoota Mana Barumsaa Nootarii Hin Taasifamne - Sanadoonni mallattoo qondaala mana barumsaa fi chaappaa mana barumsaa kutaa galmee mana barumsaatiin hojiirra oolfame fudhatama hin qabu. Sanadoonni Apostille sanada irratti maxxanuu isaa dura Nootarii Minnesotaa kan 'public' ta'e irraa nootarii argachuu qabu.

- **Sanadoota Dhuunfaa** - Sanadoonni dhuunfaa, dippiloomaa, tiraanskriiptii, hayyama konkolaachisummaa fi waraqaa guddifachaa dabalatee nootarii Minnesotaan mirkanaa'uu ni danda'u, sanada isa oriijinaala ta'e notarichi akka footokoppii taasisuuf dhiyeessu qabdu. Sanadni oriijinaala ta'e yoo dhiyaate fi kan footokopii yoo ta'e malee, nootariin sanada tokkoo footokoppii isaa kallattiidhaan mirkaneessuu hin danda'u.

- **Yoo notarichi gaaffii kamiin illee qabaate** - Notarichi Qajeelfama kan Komishinii Nootarii Minnesotaa https://www.sos.state.mn.us/media/3690/notary-commission-guide-2020.pdf ilaaluu ykn odeeffannoo dabalataaf waajjira keenya qunnamuu qaba.

Dhimmoota kan biroo:

- **Kaffaltii Ga'aa Hin Taane** - Kaffaltiin kan mirkaneessuu tokkoon tokkoon sanadaatiif $5 dha.

- **Sanadicha irratti Mallattoon Oriijinaala Ta'uu Qaba** - Sanadoonni hundi nama ejensii sanada mallatteessuuf bakka buufameen sirnaan mallattaa'uu kan qaban yoo ta'u, mallattoo footokoppii MITI oriijinaala ta'uu qaba.

- **Sanadoota Isteeta Biroon Galmaa'an** - Kutaan biyyaa sanada jalqabaa oomishe sanada sana mirkaneessuu qaba (kunis, ragaan dhalootaa Kaalifoorniyaa irraa waajjira Barreessaa Dhimma Alaa Kaalifoorniyaatiin mirkanaa'uu qaba).

- **Sanadoota Federaalaa** - Sanadoonni Federaalaa orijinaala ta'an sadarkaa naannootti hin mirkanaa'an. Maaloo, Waajjira Mirkaneessa Ministeera Dhimma Alaa Yunaayitid Isteetis 202485-8000 qunnamaa ykn marsariitii isaanii Travel.State.gov daawwadhaa.

Sanadoota armaan gadii eessaa argachuun akka danda'amu:

- Galmee kan Dhalootaa ykn kan Du'aa: Muummee Fayyaa Minnesota

- Paaspoortii: Paaspoortii argachuuf gara waajjira poostaa guddaa kamiyyuu, waajjira kaawuntii mana jireenyaa keessan, ykn marsariitii Isteet Sekreetarii Minnesotaa daawwachuu dandeessu.

- Waraqaa Ragaa kan Gaa'elaa: waajjira kaawuntii hayyamni gaa'elaa itti kenname

Gaaffii kamiin iyyuu yoo qabaattan 651-296-2803 ykn 1-877-551-6767 (9 a.m. hanga 4 p.m.) irratti nuuf bilbilaa Tajaajila Dabarsa Ergaa MN (MN Relay Service): 711